

BEEKAN GULUMMAA IRRANAA

PhD Student at Addis Ababa University

In Documentary Linguistics and Culture

Email: beekanguluma@gmail.com

H-A-B-A-SH-A-A

Dhaloonni Qubee amma ka'aa jiran jecha ‘Habashaa’ jedhu akkamitti beeku? Akkamittimmoo beekuu qabu? Jechi ‘Habashaa’ jedhu yeroo baay’ee bargaagee yoo mul’atu akka waan Itoophiyaa har’aa bakka bu’uutti namoota baay’ee dogoggorsaa jira. Garuu, jechi ‘Itoophiyaa’ jedhuufi Habashaan gonkumaa walitti hidhinsa wayiituu akka hinqabne hubatamuu qaba. Maddi jechichaa illee Itoophiyaa keessa akka hintaane seenaan ni addeessa. Jecha qofa osoo hintaane ummatni habashaas Itoophiyaa akka hintaaneefi alaa akka dhufan seenaan dhugaa baha.

Jechi Habashaa jedhu kan argame Kibba Arabiyaa naannoo Yaman *har'aa keessa kan ture gosa "habashaat"* jedhurraa yoo ta'u, *Dh.K.D. bara 700 hanga Dh.K.B. bara 100'tti gosa kanarraa* hammi tokko galaana Diimaa qaxxaamuruudhaan Kaaba Itoophiyaa *har'aa akka qubataniifi ummata Kuush faana* walmakanii jiraachuu kan eegalanidha. Yeroo boodas naannoon kun warreen qubattootaa (habashootaa) *kanaan "Absiiniyaa" jedhamee waamamuu jalqabe.* Gadaa Meelbaa, 1985:61.

Alaa dhufuu Habashaa kana kan mirkaneessu barreeffamni kitaaba Kudhaama Seenaa irraa argame akkanaa ka'a. "Habashootni yookiin Absiiniyaanotni kun Arabiyaa Kibbaarraa dhufuufi Nagada Yooqixaan (Agaaziyaan) ta'uu kan mirkaneessu, maqaasaanii, afaan isaaniifi amantii isaanii warra Saabaa jedhamanii biyya

Arabaatti hafaniin walfakkaachuutu mirkaneessa.
Leellisaa, 6413: 33.

Kitaabni Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16^{ffaa}, 1998;
Charles wabeeffachuun akka kaa’etti, “Warri Seem gara
ardii Afrikaa osoo hinseeniin dura sabootni Kuush Kaaba
Baha Afrikaa keessa kan jiraataniifi kana keessaammoo
Oromoon tokko akka ta’e ibsamee ture. Qabxii kanarraa
wanti hubatamuu qabu, ummatni Oromoo kan har’a
abbaa biyyummaasaa dhabe dachee Itoophiyaa har’aa
tanarra osoo jiraachaa jiruu habashootni alaa dhufuun
abbaa biyyummaa akka irraa fudhatan seenaan hinhaalle.
Habashootni kun immoo ilmaan Seem akka ta’an
kitaaboleen seenaa hedduun ifaan ifatti lafa kaa’aniiru.

Habashaafi Itoophiyaa jechootni jedhan kun akkamitti
walitti hidhamuu danda’an? Gaaffiin jedhu deebii
argachuu waan qabuuf, mee hiika jecha Itoophiyaa
jedhuufi dhuftee isaa haa ilaallu. Jechi Itoophiyaa jedhu

kan dhufe jecha Giriikii “Itoopis” jedhurraa yoo ta’u, hiiknisaas “ummata fuula gubataa (gurraachaa) ykn biyya ummata magaallanii (gurraachotaa)” jechuudha. Gadaa Meelbaa, 1985:55. Kun kan agarsiisu jechi “Itoopis” jedhu kun hiika Giriikonni hamma hubannoofi ilaalcha ummata Afrikaatiif qaban mul’isuuf ummata Kuushiif moggaasanidha malee habashaa (Absiniyaa) dhaan walitti hidhinsa tokkollee akka hinqabne ifatti waan beekamuufi beekamuu qabudha. Kitaabni Gadaa Meelbaa, 1985:55 barreessaa Budge, 1928 wabeeffachuun akka eerutti, “Hanga jaarraa 14^{ffaa}tti ummanni Absiniyaa kun jecha Itoophiyaa jedhu kana moggaasa ummata Kuush jedhu malee ittiin ofwaamanii hinbeekan. Kanaafuu, shakkiifi borcaa tokko malee Absiniyaanonni Itoophiyaanota miti” jechuun lafa kaa’a.

Kitaabni Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16^{ffaa} maddoota garaa garaa eeruun akka ibsutti, “Maqaan Itoophiyaa jedhu Absiniyaadhaaf kan kenname namoota kitaaba

qulqulluu (Bible) afaan Giriikirraa gara afaan Gi'iiziitti hiikaniin akka ta'e ibsa. S.O.J.16^{ffaa}, 1998:9. Kitaabni Gadaa Meelbaa, 1985:58 akka ibsutti maqaan Itoophiyaafi Absiniyaa jedhan kun gonkumaa tokko akka hintaaneefi kan wal hin fakkaanne ta'anis, barreessitoonni seenaafi qorattoonni sirna dachee hedduun, kiyoo mootonniifi monokseen habashaa qopheessan keessatti kufuun maqoota lamaan (Itoophiyaafi Absiiniyaa) waliin makuufi waljala jijjiiruun fayyadamaniiru. Kanumaan yeroo dheeraa booda Itoophiyaan Absiiniyaa bakka bu'uu danda'e. Kanuma dhugoomsuudhaaf mootichi Haayile Sillaasee heera jalqabaaf biyyattiin bara 1931 baafatte yoo qopheessan, ifaan ifatti Absiniyaa jecha jedhu haquun Itoophiyaa jedhee labse. Egaa, kan harkaa qabu dhaaneetu boo'icha nama dhowwa akka jedhan sana ta'eet, waa'eekee natu siif beeka malee ati ofiif hinbeekkattuun mataarra nu teesse.

CAABINSA OROMOOFI OROMUMMAA

Kana nyaadhuu dhugiin, kanaan oolii buliin Oromootaa, Oromootaan murtaa'uu dadhabdee qubattootaan lallabamte. Alaa dhufanii abbaa biyyaa erga ta'anii booda, maddi ummata Oromoo takkaa bishaan keessa, takkammoo biyya alaa jechuudhaan dhoqqeesaanii ofirraa haqanii Oromootatti dibuu eegalan. Yaa ilmaan Oromoo, namni kamiyyuu kaameeraa seenaa jalaa dhokatee eessayyuu ga'uu waan hindandeenyeef, mee hayyoonni seenaa waa'ee madda Oromoo maal jedhu laata?

Hayyoota garaa garaa madda ummata Oromoo irratti qorannoo gaggeessan keessaa C.Ehret namni jedhamu, “Sabni Kuush giddu-gala baddaa Itoophiyaa Dh.K.D. bara 3500 hanga bara 1000 qubatanii jiraachaa akka turan ibseera. S.O.J.16^{ffaa}, 1998:34. Sabni Oromoo angafa ummata Kuush akka ta'emmoo seenaan dhugaa ba'a. Kanaaf, maddi ummata Oromoo lafuma har'a irra jirru ta'uu hubachuun nama hinrakkisu jechuudha.

Yaaduma kana deeggaruudhaan kitaabni Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16^{ffaa}, 1998:34 qorataa seenaa Greenfield wabeeffachuun akka eeretti, “Sabni Oromoo saboota Kaaba baha Afrikaa jiraataniif hundee ta’uufi tarii sabootni kaan saba kanarraa fottoquu akka hinoolle” ibsaniiru. Dhugaan kunimmoo abbaa biyyummaa Oromoo kan ibsudha. Dabalataanis, Dirribii Damusee, 2012:384 E. Haberlandfi Mohaammad Hasan(Prof.) wabeeffachuun akka eeretti, “Maddi saba Oromoo Itoophiyaa keessa naannoo Baaleefi Sidaamooti” jechuun lafa kaa’a. Kunimmoo afoola ummata Oromoo darbaa dabarsaa asga’een kan walfakkaatu yoo ta’u, maddi saba Oromoo akkuma Oromoon himatuufi qorattoonni seenaa mirkaneessan biyyuma Itoophiyaa jedhamtu kana keessa ta’uufi abbaa biyyummaa isaa immoo qubattoota alaa dhufaniin dhabuu isaa haalaan kan nama hubachiisudha.

Qubattoonni (habashoonni) kun erga alaa dhufuun abbaa biyyummaa fudhatanii booda, saboota Kuush keessattuu,

saba Oromoo cabsuuf ciisanii hinbulle. Yeroo garaa garaatti ummata Oromoo eenyummaasaa balleessuuf yaalii hedduu godhan illee waan milkaa'uu dadhabaniif, gara meeshaa waraanaa ammayyaa kadhachuufi namoota Oromoo laphee lallaafu bituudhaan, duula Oromummaa balleessuu irratti bobba'an. Mootummooleen habashaa darban Oromoo cabsuuf jecha meeshaalee waraanaa, ogeessotaafi loltoota waliin biyyoota Awurooppaa adda addaa irraa kadhachuun Oromoo irratti duulaa akka turan seenaan hinhaalle.

Kitaabni Gadaa Meelbaa barreessaa seenaa Darkwan, *1975 wabeeffachuun akka kaa'etti mootummaan Minilik bara 1868 hanga 1900'tti mootota Awurooppaa jajjaboo ta'an irraa meeshaa waraanaafi rasaasa hedduu* argateera. Kanaanis, mootummaa Ingilizii irraa qawwee 15000fi rasaasa 5000,000, Faransaay irraa qawwee 500,000fi rasaasa 20,000,000, Xaaliyaanii irraa qawwee 50,000fi rasaasa 10,000,000, Raashiyaa irraa qawwee

150,000fi rasaasa 15,000,000 akka argate seenaan ni raga. Gadaa Meelbaa, 1985:91.

Meeshaa kana birattis, leenjiftootaafi ogeessota garaa garaa waliin akka argateefi kana fayyadamuudhaan gocha gara-jabummaa ummata Oromoorratti akka dalage seenaan ifatti lafa kaa'a. Tooftaan Minilik itti fayyadame, kadhaa alaa argate qofa osoo hintaanee Oromoota gantuufi sobduu taate qabachuudhaan, Oromoodhumaan Oromoo akka cabse qorattoonni seenaa addeessaniiru. Haala kanaan mootota habashaa darbaa dabarsaa dhufaniin ummatni Oromoo biyya abbaa isaarratti gochi gara-jabummaa hamaan irratti raawwatamaa ture. Gocha gara-jabummaa habashaa kanammoo Oromoon sirna Gadaa jalatti ijaaramuun yeroodhaa gara yerootti gootummaafi jabina isaa agarsiisaa tureera.

Lolli Oromiyaa booji'uu inni boodanaa jalqaba 1870'moota keessa jalqabe jechuun ni danda'ama. Lolli

kunis Kaaba irraa gara Kibbaatti dhiibaa ture. Bara 1872'tti booji'amuun Tuulamaafi naannoo sanaa mul'ate. Akkasumas, Wallo, bara 1876'tti, Arsii, Leeqaafi Macca Bahaa 1886'tti dhaqqabamee ture. Leellisaa, 6413:68. Baroota olitti eeraman kana keessatti Oromoon salphumatti harka diinaa jalatti kufe osoo hintaane, qabsoo hadhaa'aa hedduu booda, lubbuu hedduu wareege shiraafi gidiraa hamaan akka kufe seenaan raga ba'a. Kitaabni Gadaa Meelbaa, 1985:6 akka ibsutti, "Ummatni Oromoo sirna garboomfataa jalatti jilbeeffachuudhaaf turtii waggoottan soddoma (30) fudhate keessatti (1870-1900) ummata Oromoo miliyoona kudhan (10) irraa gara miliyoona shaniitti (5) gadi buuse.

Yaa dargaggoota Oromoo bara olitti eerame kana keessatti aangoorra kan tureefi Oromoofi Oromummaa balleessuuf, gidiraa kana mara kan dalage, mootichi Minilikiifi warri isa fakkaatan, "lakki kana caalaa

Oromoon lafarraa dhabama, dhiisaa haa jiraatanii”, jedhanii hindhiifne. Sababa Oromoon fincilaa kan du’es dhabaa lolateefi wareegama lubbuu Oromoota baay’eetiin warri hafan darbanii asga’an. Gidiraafi gochi gara-jabummaan Oromoorratti raawwatu kun mootii Minilikiin qofa hindhaabbanne. Mootummaan Haayile Sillaasees kanumatti fufuun hayyootaafi gootota Oromoo fixaa, Oromoofi Oromummaa dhabamsiisuuf, warra isa fakkaatan kanneen akka Akliluu Habte Wald fa’iin shirri dalagame daangaa kan darbe ture. Hayyoonni Oromoo qaroo warri ta’aniifi Oromummaan Oromoo keessa iddoo ishee qabattee akka turtu kan taasisan kanneen akka: Haayile Maaram Gammadaafi A.Dh. Maammoo Mazammir, hayyoota Oromoo ajaja Hayile Sillaaseefi jalee isaatiin wareegamanidha.

Rakkoon kun ummata Oromoo biraa osoo hinhafiin asfulla’uudhaan ummaticha burjaajessuu itti fufe. Lubbuu qaqqaalii hedduunis Oromummaa Oromoo keessa

tursiisuuf jettee osoo galma hinga'iin badde. Kanaanis lubbuun gootota akka J. Taaddasaa Birruufi kanneen isa fakkaatan (Dargiin kan dhuman)fi lubbuun dargaggoota barattoota Oromoo bara 1990'moota keessa bade bara baraan Oromootaan yaadatama. Nuti dhaloonni har'aa kun imaanaa warreen darban nutti kennan osoo galmaan hinga'iin karaarratti cooliguu isaatti xiiqofnee ka'uun nurraa eegama. Goototni darban wareegama hanga lubbuu kan kaffalan Oromummaa Oromoo keessatti lafa qabsiisuufi warri har'a jirru afaan guuttannee “Ani Oromoodha” jennee akka dubbannuuf, warra lafeefi dhiiga isaaniitiin siidaa Oromummaa nu keessatti ijaaranii darabnidha. Ajajaa Dhibbaa Maammoo Mazammir Oromummaa isaatiif jedhee yoo wareegamu, dhaamsi isaa inni dhumaa kan sodaan guutame osoo hintaane gootummaafi Oromummaa isaa kan agarsiisuufi warra lubbuun hafan keessattimmoo booree kan uumu jechisaa dhumaa akkas ture. “*Dhiigni koo mirga ummata Oromoo kabachiisuuf kan dhangala'edha malee bu'aa malee kan*

lafatti bade miti. Dhiigni koofi kan gootota Oromoo *baay'ee gara fuulduraattis dhangala'uu danda'u mirga ummata Oromoo kabachiisuun isaa waan hafu miti*". Olaanaa Zoogaa, 1985:428.

Jecha kana kan dubbate A.Dh. Maammoon bara 1962, yeroo mana hidhaa “Alam Baqqaanyi” jedhamu keessatti badii tokko malee, sababa Oromummaa isaafi Oromoo jaalatuuf fannoodhaan wareegamedha. Egaa yaa dargaggoota Oromoo, jechi A.Dh. Maammoo galma ga'eera jettuu? Maaliif immoo galama ga'uu dadhabe? Akkamittis galma ga'uu danda'a?

Gochuma gara-jabummaa kana fakkaatuun lubbuunsaa kan badde, hayyuu, qaroofi gootichi Hayila Maaram Gammadaas waan nutti dhaame qaba. Gocha sukkanneessaa isarratti raawwatameen lubbuun isaa kan dabarte bara 1962, mana hidhaafi mana murtii gidduu osoo qaarodaadhaan baatamee deddeebi'uu yeroo du'uuf jedhutti hiriyoota qabsoo warra hafaniin akkas jedhe.

Ani dadhabeera. Du'aaf dhiyaachuunkoos natti dhaga'ama. Amma kanan isin gaggeessu fayyee isinittan makama jedhee osoo hintaanee kun dhuma jireenyakoo akka ta'ettan isinitti dhaama. Hojiin keenyas akka bofa garaa seeneeti. Harkisanis, gadi lakkisanis firiin isaa tokkuma. Summiin isaa faca'eera. Nuti duunus, du'uu baannus yaadni keenya ijoollee keenyaafi ijoollee ijoollee keenyaatiin galma ga'uun isaa hin oolu. Jedhaa nagaa ta'aa. Jechuudhaan warra lubbuun hafanitti dhaammate. Olaanaa Zoogaa, 1985:402.

Gootichi Hayila Maaram Gammadaa Oromoonni W.M.T. jalatti ijaaramanii akka Oromummaa isaanii kan yeroodhaa gara yerootti mootota habashaatiin hundeedhaa buqqisuuf yaalamaa ture lafa qabsiisuuf nama ka'eefi qabsiisedhas. Kaayyoo ka'eef kana galmaan ga'uufis gootummaa abshaalummaa makateen jijjiirama

ajaa'ibsiisaa fiduun, Oromoonni kutaalee Oromiyaa mara keessa jiran akka ofbaran gochuu danda'eera.

Gaafa Afaan Oromoo dubbachuufi ani Oromoodha jedhanii ofwaamuun mootummaa habashaa yeroo sanaatiin hin eeyyamamnetti, Oromoonni lagaafi gosaan garaa gara akka hinbaane gochuudhaan Oromummaan akka gadi dhaabbatu hiriyootasaa waliin nama dalagedha. Lubbuun gaafa dhalatte duuti akkuma jedhan gootichiifi qaroon Hayila Maaram Gammadaa yoo du'u ergaa olitti kaa'ame ilmaaniifi ilmaan ilmaan isaatiif dhaame. Yaa dhaloota ammaa jechoota gootota abbootii keenyaa kana meeqa keenyatu dammaqee hordofaa jira? Nama imaanaa nyaate ta'aa hinjirruu laata? Warri imaanaa galmaan ga'uuf jedhanii lubbuun isaanii wareegamte, warri Oromummaa lafa qabsiisuuf jedhanii mana hidhaatti guuraman yaadatamaa jiruu laata? Yaa dhiiro! Nama Oromoofi Oromummaaf jedhee hidhameef бага hidhamteen waan gaarii ta'ee osoo jiruu, gaafachuu

dhiisuun garuu warra hidhame sana kaayyoofi hamilee isaanii waan duubatti deebisuuf hamma dandeenye waliif haa birmannuun dhaamsa abbootiin keenya nuuf dabarsan ture. Kanaafuu, “Oromummaan haqa malee miti maqaa” yaada jedhuunan barreeffamakoo goolaba.

WABIILEE

Alamaayyoo Hayileefi kan biro, **Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16^{ffaa}**. 1998.

Bahaaroo Biyyansaa (kan hiike). **Gadaa Meelbaa(Oromiyaa)**. Mana maxxansaa B.S. ,1985.

Dirribii Damusee Bokkuu, **Ilaalcha Oromoo**. Mana maxxansaa Finfinnee. 2012

Leellisaa Aadaa Bantii, **Kudhaama Seenaa**. Mana Maxxansaa Elenii 6413.

Olaanaa Zoogaa, **Gizziitinnaa Gizooti**.1985.